# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA WARRA EFESOONIITTI ERGE

1 Phaawuloos isa fedhii
Waaqayyootiin ergamaa
Kiristoos Yesuus ta'e irraa;
Gara qulqulloota Kiristoos
Yesuusitti amanan[a] kanneen Ef-
esoon keessa jiraataniitti;
2 Abbaa keenya Waaqayyoo fi
Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa
ayyaanniifi nageenni isiniif haa
ta'uu.

**Eebba Hafuuraa Kan Karaa Kiristoosiitiin Argamu**

3 Waaqnii fi Abbaan Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosii inni
karaa Kiristoosiitiin eebba ha-
fuuraa hundumaan samii irratti
nu eebbise sun haa eebbifamu.
4 Inni akka nu fuula isaa duratti
qulqullootaa fi warra hirdhinna
hin qabne taanuuf otoo addun-
yaan hin uumaminiin dura karaa
Kiristoosiitiin nu filateeraatii.
5 Akka kaayyoo fedhii isaattis
akka nu karaa Yesuus Kiris-
toosiitiin ilmaan isaa taanuuf
duraan dursee jaalalaan nu mur-
teesse. 6 Kunis ulfinni ayyaana
isaa kan inni karaa ilma isaa
jaalatamaa sanaatiin toluma nuu
kenne sun akka galateeffamuufi.
7 Nus akkuma badhaadhummaa
ayyaana Waaqayyootti dhiiga
Yesuusiitiin furamaa fi dhiifama[b]
cubbuu arganneerra. 8 Ayyaana
isaas qaroomaa fi hubannaa
mara waliin nuu baay'ise. 9 Innis
akka nu icciitii[c] fedhii isaa kan
akka yaada isaa isa gaarii inni
karaa Kiristoosiitiin hojjachuu
barbaade sana beennu godhe.
10 Kunis akka yeroo dhumni bara
sanaa gawutti waan samii irra
jiruu fi waan lafa irra jiru cufa
Kiristoos jalatti walitti qabuufi.
11 Nus waan akkuma karoora isa
waan hundumaa akka kaayyoo
fedhii isaatti hojjatu sanaatti
duraan durfamnee murteefamneef
karaa Kiristoosiitiin dhaala
arganneerra. 12 Kunis nu warri
Kiristoosin abdachuutti kanneen
jalqabaa taane akka galata
ulfinna isaa taanuuf. 13 Isin yeroo
dubbii dhugaa jechuunis wan-
geela fayyinna keessanii dhageet-
tanitti Kiristoositti amantaniirtu;
eegasii immoo karaa isaatiin
chaaphaan mallatteeffamtaniir-
tu[d]; chaaphaan kunis Hafuura
Qulqulluu[e] isa waadaa[f] galamee
ture sanaa dha. 14 Innis hanga
warri kan Waaqayyoo ta'an ga-
lata ulfinna isaatiif furamanitti
qabdii dhaala keenna nuu
mirkaneessuu dha.

[a]1 ykn dhugeeffatan; [b]7 ykn *haraarama;* [c]9 ykn *dhossaa;* [d]13 ykn akeessifa*mtaniirtu*; [e]13 ykn a*yyaana Woyyuu;* [f]13 ykn *kakuu*

**Galata Galchuu Fi Kadhannaa**

15 Kanaaf ani gaafa waayee
amantii isin Gooftaa Yesuusitti
qabdanii fi jaalala isin qulqul-
loota maraaf qabdan dhagayee
jalqabee, 16 Kadhannaa kiyya
keessatti isin yaadachaa[g] waayee
keessaniif galateeffachuu hin
dhiifne. 17 Abbaan ulfinnaa, Waaqni
Gooftaa keenya Yesuus Kiris-
toosii akka isin isa beettaniif
hafuura qaroomaatii fi muldhin-
naa akka isinii kennu nan kad-
hadha. 18 Akkasumas abdiin inni
itti isin waame sun maal akka
ta'e, badhaadhummaan dhaala
qulqullootaa ulfinna qabeessi
sun maal akka ta'e akka beet-
taniif ijji[h] qalbii keessanii akka
isinii banamu Waaqa nan kad-
hadha. 19 Humni isaa inni nu
warra amannu keessatti hojjatu
hagam akka malee guddaa akka
ta'e akka beettaniifis nan kad-
hadha. Humni sunis isuma
Waaqayyo gaafa akkaataa hujii
jabeenna humna isaatti, 20 Kiris-
toosin warra du'an keessaa
kaasee samii irratti harka mirga
ufii teessise sana muldhisee dha.
21 Isas ol-aantummaa, aangoo[i],
humna, gooftummaa cufaa fi bara
ammaa qofa otoo hin ta'in bara
dhufuuf jiru keessallee maqaa
kennamu cufaan olitti harka mirga
ufii teessise. 22 Waaqayyos waan
hunda miila isaa jala galche;
waldaa Kiristaanaatiifis mataa
waan hundaa godhee isa muude.
23 Waldaan kiristaanaa nafa isaa
ti; isiinis guutaama isaa kan inni
waan mara karaa maraan guutuu
dha.

**Du'a Keessaa Gara Jireenyaatti Dabruu**

2 Isin dogongora keessanii fi
cubbuu keessaniin duutanii
turtan. 2 Dogongorrii fi cubbuun
kunis isuma isin yeroo akka
jireenya addunyaa kanaatii fi
akka bulchaa mootummaa qilleen-
saatti, akka hafuura amma warra
hin ajajamne keessa hojjachaa
jiruuttis jiraachaa turtani dha.
3 Cufti keenyas duri dharraa foon
keennaa guutaa, hawwii fi yaada
isaa hordofaa isaan jidduu
jiraanneerra; uumama keennaanis
akkuma warra kaanii[j] dheek-
kamsa jala turre. 4 Garuu Waaqni
araaraan guutame sun sababii
jaalala guddaa nuu qabuuf, 5 Yeroo
nu dogongora keennaan duunee
turrettillee Kiristoos waliin nu
jiraachise; isinis ayyaanaan fayy-
itan. 6 Waaqayyos Kiristoos waj-
jiin du'aa nu kaase; karaa kiris-
toos Yesuusiitiinis uf bira samii
irra nu teessise. 7 Innis bara
dhufuuf jiru keessa badhaad-
hummaa ayyaana isaa kan
womaattuu hin madaalamne sana
arjummaa karaa Kiristoosiitiin

[g] 16 ykn *Qaabachaa;* [h] 18 ykn *iltii;*
[i] 21 ykn *jabeenna*; [j] 3 ykn *kaawwanii*

nuuf qabuun nutti agarsiisuuf
jedhee waan kana godhe. [8]Isinis
ayyaanaan karaa amantiitiin[k]
fayyitaniirtuutii; kunis kennaa
Waaqayyooti malee hujii ufii
keessaniitii miti. [9]Akka namni
tokkoyyuu uf hin jajneefis kuni
hujiinii miti. [10]Nu hujii harka
isaatii; hujii gaarii kan Waaqayyo
duraan dursee akka nu hojjan-
nuuf qopheesse sana akka ho-
jjannuufis karaa Kiristoos Ye-
suusiitiin uumamne.

### Kiristoosiin tokko ta'uu

[11]Kanaaf isin warri durumaa
dhalootaan namoota ormaa taatan
akka warra dhagna qabaa[l] harka
namaatiin nafa namaa irratti ho-
jjatamuun, "nu warra dhagna
qabaateedha" ufiin jedhan biratti
“Warra dhagna hinqabatin"
jedhamtanii waamamtan sana mee
yaadadhaa.[m] [12]Isin akka yeroo
sana Kiristoos irraa gargari
baatanii, lammummaa Israa'eli
irraa fagaattanii, kakuu waadaatii-
fis keessumoota taatanii, abdii
malee, Waaqa malees akka biyya
lafaa keessa turtan qaabadhaa.
[13]Amma garuu isin warri duri
fagoo turtan karaa Kiristoos Ye-
suusiitiin dhiiga Kiristoosiitiin
dhiyeeffamtaniirtu.

[14]Kiristoos nagaya keennaatii;
innis girgiddaa diinummaa[n] isa
gargari nama baasu sana diigee
jara lamaanuu tokko godheera.
[15]Innis ajaja seeraa sirna[o] isaa
waliin foon ufiitiin cabseera;
kaayyoon isaas jara lamaan
keessaa ufuma isaatiin nama
haaraya tokko uumee nagaya
buusuufi. [16]Nafa tokkicha kanaanis
karaa fannoo inni wal-jibba
isaanii ittiin ajjeese sanaan lamaan
isaaniiyyuu Waaqatti araarse.
[17]Innis dhufee isin warra fagoo
turtanitti nagaya, warra dhiyoo
turanittis nagaya lallabe. [18]Nu
lachanuus karaa isaatiin hafuura
tokkicha sanaan Abbaa bira
gawuuf carraa[p] qabnaatii.

[19]Kanaaf isin ammaan achi
qulqulloota waliin lammii biyya
tokkoo ti; miseensota warra mana
Waaqayyooti malee keessum-
mootaa fi alagootaa[q] miti. [20]Isin
hundee[r] ergamtootaatii fi raajotaa[s]
irratti ijaaramtaniirtu; Kiristoos
Yesuusis dhagaa golee[t] isaati.
[21]Karaa isaas ijaarsi sun
guutummaatti tokkummaan wal
qabatee mana qulqullummaa
qulqulluu ta'uuf gooftaatti ol
guddata. [22]Isinis karaa isaatiin
mana Waaqni hafuura[u] isaatiin
keessa jiraatu taatanii tokkum-
maan ijaaramaa jirtu.

[k]8 ykn *dhugeeffachaatiin;* [l]11 ykn *qabaanqabaa/gadooma;* [m]11 ykn *qaabaahaa;* [n]14 ykn *nyaaphummaa;* [o]15 ykn *aadaa;* [p]18 ykn *qoommii;* [q]19 ykn *galtuu;* [r]20 ykn *yayyaba;* [s]20 ykn *raagotaa;* [t]20 ykn *mikikkilaa;* [u]22 ykn *ayyaana*

**Phaawuloos Gara Namoota Ormaatti Ergamuu Isaa**

3 Sababii kanaaf ani Phaawu-
loos isin namoota ormaatiif
jedhee hidhamaa Kiristoos Ye-
suusii ta'eera.
**2**Isin dhugumaan waayee hujii
ayyaana Waaqayyoo kan isiniif
jedhamee natti kenname sanaa
dhageettaniirtu. **3**Kunis akkuma
ani kanaan dura gabaabsee isinii
barreessetti icciitii[v] muldhataatiin
natti beessifame. **4**Isinis yommuu
waan kana dubbiftanitti akka ani
waayee icciitii Kiristoosi bee-
kumsa qabu hubachuu ni dan-
deettu. **5**Icciitiin kunis akka amma
ergamtootaa fi raagota qulqul-
loota isaatti hafuuraan muldhi-
fametti namoota bara duriitti hin
beessifamne. **6**Dhossaan kunis
namoonni ormaa karaa wangee-
laatiin saba Israa'elii waliin
dhaaltota, isaanuma waliin kutaa
nafa tokkoo, waadaa[w] karaa
Kiristoos Yesuusiitiin kenname
keessatti immoo hirmaattoota ta'uu
isaaniiti.
**7**Anis kennaa ayyaana Waaqay-
yoo kan karaa hujii humna
isaatiin naa kennameen tajaajilaa[x]
wangeela kanaa ta'eera. **8**Ani yoo
nama diqqaa qulqulloota cufaa
gadii ta'ellee akka badhaadhum-
maa Kiristoos kan dhuma hin
qabne sana namoota ormaattii
lallabuuf ayyaanni kun naa
kennameera. **9**Akkasumas dhos-
saan bara dheeraaf Waaqa waan
mara uume keessatti dhoffamee
ture kun maal akka ta'e akka
ani nama maraaf ibsuuf ayyaanni
kun naa kennameera. **10**Kaay-
yoon isaas akka qaroomni
Waaqaa inni dachaa hedduu qabu
sun bara ammaa karaa waldaa
kiristaanaatiin bulchitootaa fi
aangoo[y]-qabeeyyii samii irra
jiranitti beessifamuufi. **11**Kunis
akkuma kaayyoo isaa kan bara
baraa kan inni karaa Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosiitiin
raawwate[z] sanaatti ture. **12**Nus
isaan, amantii[a] isarratti qabnuunis
bilisummaa[b] fi ija[c] jabeennaan
Waaqayyootti dhiyaachuu dan-
deenna. **13**Kanaaf sababii ani
isiniif rakkachaa jiruuf jettanii
akka abdii hin kutanne isin kad-
hadha; kun ulfinnuma keessanii-
fiitii.

**Kadhannaa Warra Efesooniitiif Godhame**

**14**Sababii kanaaf ani fuula
Abbaa duratti nan jilbiinfadha.
**15**Maatiin isaa warri samii irraatii
fi warri lafa irraa hundinuu
maqaa isaanii isuma irraa argatu.
**16**Akka Abbaan akkuma badhaad-
hummaa ulfinna isaatti karaa ha-
fuura isaatiin, akka namummaan
keessan inni keessaa humnaan

[v]3 ykn *dhossaa;* [w]6 ykn *kakuu;* [x]7 ykn *hojjataa;* [y]10 ykn *umna;* [z]11 ykn *guute;* [a]12 ykn *dhugeeffachaa;* [b]12 ykn *balchummaa;* [c]12 ykn *adda*

cimuuf, akka isin gargaaru nan
kadhadha. 17Kiristoosis karaa
amantiitiin garaa keessan keessa
akka jiraatuuf isinis akka jaala-
laan hidda gadi fageeffattanii
dhaabattaniif nan kadhadha.
18Isinis jaalalli Kiristoosii ha-
gam akka baldhatu, hagam akka
dheeratu, hagam akka ol-fagaatuu
fi hagam akka gadi fagaatu
qulqulloota mara waliin hubachuuf
akka humna qabaattaniif, 19akka
guutama Waaqayyoo maraan
guutamtaniifis jaalala Kiristoosii
kan beekumsa namaatiin ol ta'e
sana akka beettaniif Waaqa nan
kadhadha.

20Waaqa isa humna isaa kan nu
keessatti hojjatu sanaan hanga
nu kadhannu yookaan hanga nu
yaannu hundumaa olitti akka
malee hojjachuu danda'u sanaaf,
21dhaloota cufa keessatti, waldaa
kiristaanaa keessattis karaa Kiris-
toos Yesuusiitiin bara baraan
ulfinni isaaf haa ta'uu; aamiin.

### Nafa Kiristoos Keessatti Tokko Ta'uu

4 Kanaaf ani kan gooftaaf
jedhee hidhame, akka isin
waamicha itti waamamtan sanaaf
akka malutti jiraattaniif isin nan
kadhadha. 2Guutumaan guutuutti
gadi uf-qabaa; garraamota[d] ta'aa;
jaalalaan wal-danda'uunis obsa
qabaadhaa. 3Hidhaa nagayaatiin
tokkummaa hafuuraa eeguuf
carraaqaa. 4Akkuma yeroo
waamamtanitti gara abdii
tokkootti waamamtan sana,
nafa tokkoo fi hafuura tokkotu
jira. 5Gooftaa tokko, amantii[e]
tokkoo fi cuuphaa[f] tokkotu jira.
6Waaqaa fi Abbaan cufa keennaa
inni waan cufaa ol ta'e, waan
cufaa keessatti kan hojjatuu fi
kan waan cufa keessa jiru tokki-
chattu jira.

7Hunda keennaaf garuu ak-
kuma Kiristoos qoodee kennetti
ayyaanni nuu kennameera.
8Kanaafis,

" Inni yommuu gara samiitti ol-
bayetti,
booji'amtoota fudhatee deeme;
namootaafis kennaa kenne"
jedhameera.

9yoos, "inni ol-baye" jechuun
isaa garaa lafaa bakka[g] gadi
fagoottis gadi bu'ee ture jechuu
malee maal jechuu isaati ree?
10Inni gadi bu'e sun isuma waan
mara guutuuf jedhee samiiwwan
maraa olitti ol-ba'ee dha. 11Innis
akka namoonni tokko tokko er-
gamtoota ta'aniif, kaan akka raa-
jota[h] ta'aniif, kaan akka lallab-
doota wangeelaa ta'aniif, kaan
akka tissitoota ta'aniif, kaan im-
moo akka barsiistota ta'aniif ken-
naa kenne. 12Kanas akka nafti
Kiristoosii ijaaramuuf saba Waaqaa

[d]2 ykn *garaa toleeyyii;* [e]5 ykn *dhugeef-fachaa;* [f]5 ykn *battisoo;* [g]9 ykn *fulaa;* [h]11 ykn *raagota;* [i]12 ykn *hujii waaqaatii*

hujii tajaajilaatiif[i] qopheessuuf jedhee godhe. 13Kunis waan hanga cufti keenya tokkummaa amantiitii fi tokkummaa ilma Waaqayyoo beekuu bira geenyutti, hanga namoota bilchaatan taanutti, hanga guutama safartuu[j] Kiristoosii bira geenyutti ta'uudha.

14Ammaan achi nu akka ijoollee dhawaa bisaaniitiin duraaduubatti darbataman kanneen bubbee barsiisa gosa hundaatiin, maltummaa fi jaldhinna mala namoota gowwoomsitootaatiin asii fi achi oofamanii hin taanu. 15qooda kanaa jaalalaan dhugaa dubbachaa gara isa mataa ta'e sanaatti waan maraan guddachuu qabna; innis Kiristoosi. 16Isumaanis kutaaleen nafaa guutummaatti ribuu walitti isaan qabuun hidhamaniiru; yommuu kutaaleen nafaa sun marti hujii isaanii hojjatanittis nafti sun jaalalaan guddatee uf-ijaara.

### Akka Ijoollee Ifaatti Jiraachuu

17Kanaaf ani waan kana isinitti nan hima; maqaa gooftaatiinis jabeessee isinitti dubbadha; isin ammaan achi akka namoonni ormaa warri yaanni isaanii faayidaa hin qabne sun jiraatanitti hin jiraatinaa. 18Sababii mata-jabeenna isaaniitiinis waan walaalummaan isaan keessa jiruuf hubannaan isaanii dukkaneeffameera; jireenna Waaqaa keessaas ba'aniiru. 19Isaanis waan qalbiin isaanii hadoodeef hanga xuraawummaa gosa maraa keessa galanitti halalummaa[k] gadi dhiisii[l] ta'etti uf- kennaniiru.

20Isin garuu akkasitti Kiristoosin hin barre. 21Akkuma dhugaa Yesuus keessa jiru sanaattis waayee isaa dhageettaniirtu; isumaanis barsiifamtaniirtu. 22Jireenya namummaa keessanii isa moofaa[m] duri keessa jiraachaa turtan, isa kajeellaa nama gowwoomsuun xuraaye sana uf-keessaa baasaa. 23Hafuura yaada keessaniitiinis haaromfamaa. 24Namummaa haaraya isa qajeelinnaa fi qulqulinna dhugaatiin fakkeenna Waaqayyootiin uumame sana uffadhaa!

25Kanaaf cufti keenna waan miseensa nafa tokkoo taaneef cufti keessan soba uf- keessaa baasaatii ollaa keessanitti dhugaa dubbadhaa! 26"aaraa[n]; garuu cubbuu hin hojjatinaa;" aarii keessan irrattis aduun hin dhiyini. 27Daabiloosiifis carraa[o] hin kenninaa. 28Namni kanaan dura hataa ture ammaan achi hin hatini; qooda kanaa akka warra rakkatan gargaaruu danda'uuf harkuma ufiitiin waan faayidaa qabu haa hojjatuu.

29Akkuma barbaachisaa ta'etti waan nama ijaaruuf gargaaru,

[j]13 ykn *kiila;* [h]19 ykn *hawadii;* [i]19 ykn *algalummaa;* [m]22 ykn *dullacha;* [n]26 ykn *dallanaa;* [o]27 ykn *qoommii*

waan warra dhageeffataniifis[p] ayyaana kennu malee dubbiin hamaan tokkoyyuu afaan keessanii hin bayini. **30**Hafuura qulqulluu[q] Waaqayyoo kan ittiin guyyaa furamaatiif mallatteeffamtan sana hin dallansiisinaa. **31**Hadhaawummaan, dheekkamsi, aariin, wacii fi maqaa nama balleessuun hundinuu hammeenna hundumaa waliin isin irraa haa fagaatu. **32**Akkuma Waaqayyo karaa Kiristoosiitiin dhiifama[r] isinii godhe, isinis dhiifama walii godhaa; walii na'aa; garaas walii laafaa.

5 Kanaaf akkuma ijoollee jaalatamootti Waaqa fakkaadhaa! **2**Akkuma Kiristoos nu jaalatee, nuufis jedhee aarsaa[s] fi qalma urgaan isaa Waaqayyotti tolu ta'ee uf-kenne sana isinis jaalalaan jiraadhaa.

**3**Garuu waayeen halalummaa[t] yookaan xuraawummaa gosa kamiiyyuu yookaan sassattummaa[u] akkanallee jedhee jidduu keessanitti hin dhagayamin; wanni akkasii qulqulloota Waaqayyoo biratti hin barbaachisuutii. **4**Galateeffachuu malee haasaan jibbisiisaan yookiin dubbiin gowwummaa kan faayidaa hin qabne yookiin qoosaan hin malle jidduu keessan hin jiraatini. **5**Namni halaleen yookaan xuraawaan yookaan sassattuun jechuunis namni Waaqa tolfamaa Waaqeffatu akka mootummaa Kiristoosiitii fi mootummaa Waaqayyoo keessaa dhaala tokkollee hin qabne hubadhaa. **6**Sababii waan akkanaatiif dheekkams Waaqaa waan warra hin ajajamnetti dhufuuf namni tokko dubbii faayidaa hin qabneen isin hin gowwoomsini. **7**Kanaaf isaan waliin tokkummaa hin qabaatinaa.

**8**Isin duri dukkana turtaniitii; amma garuu Gooftaan ifa taataniirtu; kanaaf akka ijoollee ifaatti jiraadhaa. **9**Firiin[v] ifaa gaarummaa, qajeelummaa fi dhugaa mara keessatti argamaatii. **10**Waan Gooftaa gammachiisu baruu yaalaa. **11**Hujiin dukkanaa waan faayidaa hin qabneef ifatti baasaa malee isa keessatti hin hirmaatinaa. **12**Waan isaan dhossaan hojjatan dubbachuunilleen qaaniidhaatii. **13**Wanni ifni sun ifatti baasu cuftinuu garuu ni muldhata. **14**Akka wanni martinuu muldhatu kan godhu ifaatii. Kanaafis,

"Yaa namicha rafaa jirtuu, dammaqi;
warra du'an keessaas ka'i;
Kiristoos siif ibsaatii" jedhameera.

**15**Egaa isin akkamitti akka jiraattan uf eegadhaa! akka ogeeyyiitti jiraadhaa malee akka

[p]29 ykn *caqasanii;* [q]30 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [r]32 ykn *haraara;* [s]2 ykn *sooriyoo* [t]3 ykn *hawadii;* [u]3 ykn *sabdummaa;* [v]9 ykn *midhaani*

warra ogeeyyii hin ta'iniitti hin
jiraatinaa. 16Waan barri kun hamaa
ta'eef hanga isinii danda'ametti
carraa[w] qabdan cufatti sirriitti[x]
fayyadamaa. 17Kanaaf fedhiin
Gooftaa maal akka ta'e hubadhaa
malee gowwaa hin ta'inaa. 18Daadhii
wayiniitiin hin machaayinaa; kun
gara badiisaatti nama geessaatii.
Qooda kanaa hafuuraan guu-
tamaa. 19Faarfannaadhaan, faar-
fannaa leellootii fi weedduu ha-
fuuraatiin walitti dudubbadhaa;
garaa keessan keessattis Gooftaaf
faarfadhaa; qooqas dhageessisaa.
20Yeroo hundas waan hundaaf
maqaa Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoosiitiin Waaqa Abbaaf
galata dhiyeessaa.
21Sodaa Kiristoosiif qabdaniin
walii ajajamaa.

### Niitotaa fi Dhiirsota

22Yaa niitota, akkuma Gooftaaf
ajajamtanitti, dhiirsota keessaniif
is ajajamaa. 23Akkuma Kiristoos
waldaa kiristaanaatiif mataa ta'e
sana dhiirsis niitiif mataadhaatii;
Kiristoos fayyisaa waldaa kiris-
taanaa ti; waldaan kiristaanaa
immoo nafa isaa ti. 24Egaa ak-
kuma Waldaan Kiristaanaa
Kiristoosiif ajajamtu, niitiinis waan
maraan dhiirsa ishiitiif haa aja-
jamtu.
25Yaa dhiirsota, akkuma Kiris-
toos waldaa kiristaanaa jaalatee
mataa isaa dabarsee isiif kenne
sana isinis niitota teessan jaalad-
haa. 26Innis karaa dubbii isaatiin
bisaaniin isii dhiqee qulleessuun
akka isiin qulqulluu taatuuf,
27Waldaan kiristaanaa ishii xurii
yookaan qoncoora-fuulaa yoo-
kaan waan akkanaa tokkollee hin
qabnee fi qulqullooftuu hirdhinna
hin qabne godhee ulfinnaan uf -
dura ishii dhaabuuf jedhee waan
kana godhe. 28Akkasuma immoo
dhiirsonni niitota isaanii akkuma
nafa ufii isaaniitti jaalachuu qabu;
namni niitii ufii jaalatu uf-jaalata.
29Akkuma Kiristoos waldaa
kiristaanaatiif godhu sana namni
kamiyyuu nafa isaa ni soora; ni
eegatas malee hin jibbu. 30Nu
kutaalee nafa isaatii. 31"Sababii
kanaaf namni abbaa fi haadha
isaa dhiisee niitii isaatti ni
maxxana; lamaan isaaniis nafa
tokko ni ta'u." 32Kun dhossaa
guddaa dha; ani garuu waayee
Kiristoosiitii fi waayee waldaa
kiristaanaa dubbadha. 33Ta'us isin
keessaa tokkoon tokkoon namaa
akkuma uf jaalatutti niitii ufii
haa jaalatuu; niitiinis dhiirsa ufii
haa kabajju[y].

### Ijoollee Fi Warra Isaanii

6 Ijoolle, Gooftaaf jedhaatii
abbaa keessanii fi haadha
teessaniif ajajamaa; kun qajee-
laadhaatii. 2Ajajni waadaa[z] qabu

[w]16 ykn *qoommii;* [x]16 ykn *akka dansaa;*
[y]33 ykn *haa ulfeessituu;* [z]2 ykn *kakuu*

kan jalqabaa, "abbaa keetii fi haadha teetiif ulfinna kenni" jedha. [3]Waadaan sunis," akka sitti toluu fi akka addunyaa irra bara dheeraa jiraattuuf " jedha.

[4]Yaa abbootii, isinis ijoollee keessan adabaa fi barsiisa Gooftaatiin guddisaa malee hin mufachiisinaa.

**Garbootaa Fi Gooftota**

[5]Yaa garbootaa, akkuma Kiristoosiif ajajamtanitti kabajaa[a] fi sodaan, garaa qulqulluunis gooftota keessan warra biyya lafaatiif ajajamaa. [6]Isinis akka warra nama gammachiisuuf jedhanii ija[b] namaa ilaallachaa hojjataniitti otoo hin ta'in garaa guutuun fedhii Waaqayyoo raawwachaa[c] akka garboota Kiristoosiitti isaaniif ajajamaa. [7]Kanas akka waan nama tajaajiltaniitti[d] otoo hin ta'in akka waan Gooftaa tajaajiltaniitti gammachuun hojjadhaa. [8]Sababiin isaas garbas taanaan yookiin namni bilisa[e] ta'e, namni marti waan gaarii[f] hojjatu kamiifiyyuu akkuma hujii isaatti akka Gooftaa biraa badhaasa argatu waan beettaniif.

[9]Yaa gooftotaa, isinis garboota keessaniif akkasuma godhaa; isin akka inni isaanii fi isiniif Gooftaa ta'e sun samii irra jiruu fi akka nama wal-caalchisuunis isa bira hin jirre waan beettaniif isaan hin miidhinaa.

**Mi'a Lolaa Waaqayyoo**

[10]Kanaa achi Gooftaa fi humna isaa jabaa sanaan cimaa. [11]Daba Daabiloosii akka mormuu dandeettaniif mi'a lolaa Waaqayyoo guutummaatti hidhadhaa. [12]Waldhaansoon keenna bulchitoota waliin, abbootii aangoo[g] waliin, humnoota addunyaa dukkanooftuu tanaatii fi humnoota hafuura hamaa kan samii keessa jiruu waliin malee foonii fi dhiiga waliinii mitii. [13]Kanaaf akka yommuu guyyaan hamaan sun dhufutti obsaan dhaabachuu dandeessaniif, waan kana cufa gochuunis akka jabaattanii dhaabattaniif mi'a lolaa Waaqayyoo guutummaatti hidhadhaa. [14]Egaa dhugaan mudhii[h] keessani hidhadhaatii, wantee[i] qajeelinnaas uffadhaatii jabaadhaa dhaabadhaa. [15]Kophee wangeela nagayaas miilatti keewwadhaatii jabaadhaa dhaabadhaa. [16]Kana hundumaa irrattis gaachana amantii[j] kan ittiin xiyya boba'aa hamaan sun darbatu hunda dhaamsuu dandeettan qabadhaa. [17]Barmeexaa sibilaa kan fayyinnaa keewwadhaa; goraadee hafuuraas qabaadhaa; innis dubbii

[a]5 ykn *ulfinnaa;* [b]6 ykn *ila;* [c]6 ykn *guutaa;* [d]7 ykn *jala hojjattaniitti;* [e]8 ykn *balchaa;* [f]8 ykn *dansaa/misha'a;* [g]12 ykn *jabeennaa;* [h]14 ykn *hidhaana;* [i]14 ykn *gaachana;* [j]16 ykn *dhugeeffachaa*

Waaqayyoo ti. [18]Waaqa kadhachuufi waammata gosa maraa keessatti yeroo mara hafuuraan Waaqa kadhadhaa; kanas yaadatti qabachaa yeroo mara dammaqaatii qulqulloota maraaf jabaadhaa Waaqa kadhadhaa.

[19]Ani yammuu afaan banadhutti sodaa malee dhossaa wangelaa muldhisuuf akka dubbiin naa kennamu anaafis kadhadhaa. [20]Wangeelli kunis isuma ani isaaf jedhee Ambasaaddara ta'ee sansalataan[k] hidhamee dha; anis akkuma narraa eegamutti, akka sodaa malee isa lallabuu danda'uuf Waaqa naa kadhadhaa.

**Dhumarratti Nagaya Dhaamuu Isaa**

[21]Isinis akka ani akkamitti jiruu fi akka ani maal hojjadhu akka beettaniif Tiikiiqoos obboleessi jaalatamaan, Gooftaa keessattis tajaajilaan amanamaan waan cufa isinitti hima. [22]Nu akkamitti akka jirru akka beettanii fi akka inni isin jajjabeessuuf, waanuma kanaaf jedhee ani gara keessanitti isa nan erga.

[23]Waaqayyo Abbaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa nageennii fi jaalalli amantii waliin obboleeyyan Cufaaf haa ta'uu. [24]Warra jaalala hin duuneen Gooftaa keenna Yesuus Kiristoos jaalatan maraaf ayyaanni haa ta'uu.

[k]20 ykn *fooncaan/haada sibiilaatiin/ sinsilaataan*